

## **1. Seensa**

Barnoonni adeemsa dhalli namaa addunyaa keessa jiraatu ittiin baratu, beekuu fi hubatu; adeemsa addunyaa keessa jiraatuu xiinxaluun akka isaaf tolutti itti jiraachuuf itti mijeeffatu dha. Barnoonni guddina roga hundaan saffisiisuun addunyaa jijjiiru, jijjiirama dhufes ittifufiinsaa akka qabaatu taasisu meeshaa olaanaadha.

Sagantaan BGQGX diriiruun qaama hawaasaa kallattiin omishaa fi omishtummaa irratti bobba’anii jiran humna omishtummaa isaanii cimsuun haaromsa biyya keenyaa dhugoomsuuf, du’aatii haadholii hir’isuuf, ijaarsa sirna demokiraasii mirkaneessuuf, akkasumas jijjiirama ba’uuraa gama dinagdee, hawaasummaa fi siyaasaan dhufuu qabu fiduuf shoora olaanaa akka qabu waan itti amanameefi. Akkasumas sagantaan kun bu’aa inni misooma biyyaa keessatti qabu tilmaama keessa galchuun akka toora xiyyeeffannootti qabamee akka irratti hojjetamuu qabu haaromsa gadifageenyaa keessattis kallattiin kaa’amee jira.

Qaamoleen hawaasaa umriin isaanii waggaa 15-60 ta’u sababa adda addaatiin carraa barnootaa argachuu hin dandeenye sagantaa Barnoota Ga’eessotaa Qindaawaa Gocharratti Xiyyeeffate (BGQGX) irratti hirmaachisuudhaan sochii misoomaa jalqabamee jiru keessatti gahumsaan akka hirmaatu gochuuf tarsiimoon BGQGX akka biyyaatti ba’ee sagantaan kun hojiirra oolee jira. Barnoonni Ga’eessotaa Qindaawaa Gocharratti Xiyyeeffate (BGQGX) akka Oromiyaatti ammoo bara 2003 irraa eegalee hojiirra oolaa jiraachuun isaa ni beekama. Haata’u malee sagantaan kun haala barbaadamuun milkaa’ina galmeessisuu hin dandeenye.

Ummata naannoo keenyaa hanga ammaatti carraa barnootaa hin argatiin jiruu fi jireenya isaanii haala ammayyaawaa fi bu’a qabeessa ta’een geggeessuuf barumsi meeshaa guddaa ta’uu isaa hubachiisuudhaan ga’eessonni gara buufata BGQGX dhufanii akka hirmaatan gochuu qofa osoo hin ta’iin erga jalqabanii boodas osoo irraa hin hafiin fi addaan hin kutiin waggaa guutuu walitti fufiinsaan hordofanii xumuruun gahumsaa fi dandeettii barbaadamu gonfachuun misooma saffisiisuu keessatti murteessaa waan ta’eef qajeelfamni BGQGX galmaan gahuuf ga’ee qaamolee dhaabbilee barnootaa irratti hirmaatan of keessatti qabate kun akka qophaa’u ta’ee jira.

## **2. Barbaachisummaa**

- Jijjiirama biyyaa karaa hundaan dhufu fiduuf barnoonni bu’uura waan ta’eef, humni namaa kallattii misooma barnootaan misoomuu qabu akka misoomu taasiosuun manneen

barnootaa bu'uura jijjiirama baadiyyaa taasisuun misooma biyyaa milkeessuuf, sagantaan BGQGX bu'aa irraa eegamu buussu akka danda'u taasisuuf,

- Qulqullina barnootaa ga'eessotaaf kennamu mirkaneessuun jiruu fi jireenya ga'eesotaa guyyuu waliin wal qabsiisuun battalatti hirmaattonni akka itti fayyadaman taasisuuf,
- BGQGXn uumama isaatiin qindoomina kan barbaadu waan ta'eef hirmaannaan qooda fudhattoota akka dabaluu taasisuuf,
- Qindoomina Haala mijeessitootaa fi barsiisota jidduu jiru cimsuun sagantaa BGQGX milkeessuuf,

### **3. Kaayyoo**

Sagantaa BGQGX tiin ga'eessotaa fi dargaggoota dubbisuu fi barreessuu hin dandeenye hunda barnoota biraan gahuun, gama tokkoon mirga barachuu lammii hundaa mirkaneessuu, gama biraatiin ammoo ga'eessota kallattiin oomisha irratti bobba'anii jiran dandeettii fi gahumsa isaanii cimsuun humni oomishtummaa isaanii (Productivity) akka dabaluu gochuun haaromsi biyya keenyaa akka saffisu gochuudha.

### **4. Bu'aalee Eggaman**

- Sagantaa BGQGX lafa qabate,
- Barnoota ga'eessotaa qulqullina qabu kennuun gahumsii fi dandeettii ga'eessotaa fooyya'e,
- Qindoomina dhimmamtoota cime,
- Ragaa hirmaattota BGQGX qulqulluu ta'e.

### **5. Gahee Qooda Fudhattoota Sagantaa Barnoota Ga'eessotaa Qindaawaa Gocharratti Xiyyeffatee (BGQGX)**

#### **5.1. Sadarkaa Biiraa Barnootaa Oromiyaatti**

- Sagantaa BGQGX Oromiyaa keessatti gaggeeffamu karoorsuu, qindeessuu fi qaamota dhimmi ilaalu biraan gahuun, qulqullinni isaa eegamee akka gaggeeffamu haala mijeessuu,
- Qajeelfamootaa fi tarsiimoowwan misoomaa sakatta'uu fi madaqsuun sagantaan BGQGX haala tarsiimoowwan misoomaa kanaan wal simateen akka hojiirra oolu taasisuu,
- Qajeelfamoota adda addaa qopheessuu, leenjii irratti kennuun akka hojiirra oolu taasisuu, raawwii isaa hordofuu,
- Kitaabilee BGQGX haala qabatama naannoo irratti hundaa'uun qopheessuu, maxxansisuun akka fayyadamtoota bira gahu taasisuu, fi yeroo yeroon madaaluun fooyyessaa deemuu,

- Kitaabilee BGQGX qophaa’an irratti leenjii madaqiinsaa kennuu,
- Sagantichi akka lafa qabatuuf qorannoo fi qo’annoo gaggeessuun qaawwa mul’ate duuchaa deemuu,
- Moojuloota leenjii gaggabaaboo ogeeyyii fi haala mijeessitootaa qopheessuu, akka hojiirra oolu taasisuu, raawwii isaa hordofuu,
- Hanqinaalee hubannoo fi dandeettii ogeessotaa fi haalamijeessitootaa sakatta’uun leenjii gaggabaabaa kennuu, raawwii isaa hordofuu,
- Qajeelfama ulaagaa filannoo haala mijeessitootaa qopheessuu, akka hojiirra oolu taasisuu, raawwii isaa hordofuu,
- Yuniveristiiwwanii fi kolleejjota barnoota barsiisotaa naannoo Oromiyaa keessatti argaman waliin hariiroo uumuun leenjiwwan ogeessotaa fi haala mijeessitootaa akka kennamu haala mijeessuu, raawwii isaas hordofuu,
- Godinaalee /bulchiinsa magaalotaa, aanaalee fi buufataalee irratti sagantichi qulqullina isaa eegee akka gaggeeffamu hordofuu, madaaluu, deggersa ogummaa kennuu,
- Muuxannoo naannoolee biroo , Godina ykn B/Magaalaa fi biyyoota adda addaa qorachuun haala qabatama naannoo fi kallattii misooma biyyaa waliin xiinxaluun haala itti hojiirra ooluu danda’u mijeessuu, akka hojiirra oolu taasisuu,
- Qajeelfama ce’umsaa gara sagantaa idileetti taasifamu qopheessuun akka hojiirra oolu taasisuu,
- Istaandardii gahumsaa hirmaattotaa qopheessuun akka hojiirra oolu taasisuu, raawwii isaa hordofuu,
- Ragaa hirmaattotaa BGQGX hirmaachuu qabaniif fi hirmaachaa jiran Waajjira Barnootaa God/Bu.Magaalotaa irraa ergaman qindeessuu, qaama dhimmi ilaallatuuf gabaasuu,
- Qindoomina sekterootaa cimsuuf abbummaan hojii sekteroota qindeessuu raawwachuu.

## **5.2. Sadarkaa Waajjira Barnootaa Godinaa/Bul. Magaalaatti**

- Sagantaa BGQGX ilaalchisee hojiiwwan hojjataman karoorsuu, qindeessuu, gurmeessuu fi qulqullina isaa eegee akka raawwatu haala mijeessuun raawwii isaa hordofuu, madaaluu fi qaama dhimmi ilaallatuuf gabaasuu,
- Qajeelfamootaa fi tarsiimoowwan BGQGX akka hojiirra oolan taasisuu,
- Qajeelfama sagantaa BGQGX BBOon qophaa’e gara aanaatti gadi buusuun hojiirra akka oolu taasisuu, raawwii isaa hordofuu,

- Sosochii hawaasaa sadaarkaa Godinaa/Bu. Magaalaatti gaggeessuun ummata sagantaa kanaaf kakaasuun kan hin baratiin hundi haala itti gara buufata barnootaatti dhufuu danda'an irratti kallattii kaa'uu, raawwii isaa hordofuu,
- Jiruu fi jireenya hawaasaa irratti jijjiirama barbaachisu fiduu akka danda'uuf sagantichi walitti fufiinsaan akka kennamu hordofuu,
- Kitaabilee BGQGX haala qabatama naannoo irratti hundaa'uun BBOOn qophaa'ee maxxanfame akka fayyadamtootaa bira gahu taasisuu, raawwii isaa hordofuu,
- Kitaabilee BGQGX qophaa'an irratti leenjii madaqiinsa kennamuuf haala mijeessuu,
- Qajeelfama ulaagaa filannoo haala mijeessitootaa BBOOn qophaa'e hubannoo irratti uumuu, akka hojjiirra oolu taasisuu, raawwii isaa hordofuu,
- Ragaalee bu'uuraa BGQGX waliin walqabatan: hirmaattota sagantaa BGQGX, Haalamijeessitoota fi kkf qindeessuun qabachuu, qaama dhimmi ilaaluuf dabarsuu,
- Sagantaan BGQGX akka lafa qabatu qorannoo fi qo'annoo gaggeessuun qaawwa mul'ate duuchaa deemuu,
- Hanqinaalee hubannoo fi dandeettii ogeessotaa fi haalamijeessitootaa yeroo yeroon sakatta'uun leenjii gaggabaabaa kennuu, raawwii isaa hordofuu,
- Leenjiiwwan ogeessotaa fi haala mijeessitootaa Yuunivarsiitiiwwanii fi kolleejjota barnoota barsiisotaa naannoo Oromiyaa keessatti argamaniin kennamuuf haala mijeessuu,
- Boordiin BGQGX raawwii karoora sagantichaa qorachuun akka furmaata kaa'an haala mijeessuu, akkasumas raawwii karoora sagantichaa bifa ittifufiinsa qabuun qorachuun kallattii kaa'uu,
- Aanaalee fi buufataalee irratti sagantichi qulqullina isaa eegee akka gaggeeffamu hordofuu, madaaluu, deggersa ogummaa kennuu,
- Sagantaa barnoota ga'eessotaa cimsuuf tola oltoota hojii haala mijeessuu barnoota ga'eessotaa irratti bobba'an kakaasuu,
- Sosochii hawaasaa gaggeessuun uummata keessatti kaka'umsaa fi fedhii umuun akka sagantaa BGQGXtti fayyadaman taasisuu,
- Qindoominni sekterootaa akka cimuu hojjechuu,
- Manneen barnootaa godinichaa/Bul. Magaalichaa keessatti argaman hunda keessatti fuulleffataa (focal person) BGQGX ramadamuu mirkaneessuu,

- Muuxannoo gaggaarii qindeessuunii fi aanaaleen muuxannoo akka waljijjiiran taasisuu; garagarummaa aanaalee gidduutti jiru akka dhiphatu taasisuu,
- Istaandardii ce'umsaa gara sagantaa idileetti taasifamu karaa seera qabeessa ta'een akka hojiirra oolu taasisuu,
- Istaandardiin gahumsaa hirmaattotaa akka hojiirra oolu taasisuu, raawwii isaa hordofuu,
- Ragaalee bu'uuraa sagantaa BGQGX qindeessuun qaama ilaaluuf dabarsuu.

### **5.3. Sadarkaa Waajjira Barnootaa Aanaattii**

- Hojii BGQGX karoorsuu, qindeessuu fi gara manneen barnootaa/buufataatti gadi buusuun qulqullinni isaa eegamee akka gaggeeffamu raawwii isaa hordofuu, madaaluu fi gabaasa qindeessuun godinaaf erguu,
- Qajeelfamootaa fi tarsii moowwan BGQGX akka hojiirra oolan taasisuu,
- Sosochii hawaasaa sadarkaa aanaatti gaggeessuun ummata keessatti kaka'umsa fi fedhii uumuun akka sagantaa BGQGXtti fayyadaman taasisuu,
- Ragaalee bu'uuraa guutummaan gandoota irraa funaanuu fi qindeessuudhaan uummata sadarkaa sadarkaan jiru keessaa kan baratee fi kan hinbaratiin addaan baasuu, kan hinbaratiin akka baratan taasisuu,
- Sagantichi walitti fufiinsaan akka kennamu haala mijeessuu, raawwii isaa hordofuu,
- Fedhii fi haala jireenya hawaasaa sakatta'uun hawaasa wajjiin marii gochuun gara buufata barnootaatti akka dhufaniif hordoffii taasisuu,
- Jiruu fi jireenya hawaasaa irratti jijjiirama barbaachisu fiduu akka danda'uuf sagantichi walitti fufiinsaan akka kennamu hordofuu,
- Kitaabilee BGQGX haala qabatama naannoo irratti hundaa'uun BBOon qophaa'ee maxxanfame akka fayyadamtootaa bira gahu taasisuu, raawwii isaa hordofuu,
- Kitaabilee BGQGX qophaa'an irratti leenjii madaqiinsa kennamuuf haala mijeessuu,
- Qajeelfama ulaagaa filannoo haala mijeessitootaa BBOon qophaa'e irratti hundaa'uun filannoo gaggeessuun haala mijeessitoota qacaruu,
- Buufataalee BGQGX itti kennamuuf dhiyeessii barbaachisu akka guutamu taaisuun adeemsi baruu-barsiisuu BGQGX akka milka'uu taasisuu,
- BGQGX kennamu gocharratti xiyyeeffate akka kennamu deggersa taasisuu, hordofuu,
- Manneen barnootaa hunda keessatti fuulleffataa (focal person) ijaaramuu isaa mirkaneessuu,

- Haalamijeessitoota BGQGX manneen barnootaa waliin qindoominaan akka hojjetanii fi BGQGX qofa irratti akka bobba'an taasisuu,
- Akkaataa qajeelfamaatiin ganda baadiyyaa tokko keessatti haalamijeessitoota 2, ganda magaalaa tokko keessatti haalamijeessitoota 4 qacaruun leenjii gabaabaa kennuun bobbaasuu,
- Sagantaa barnoota ga'eessotaa cimsuuf tola oltoota hojii haala mijeessuu barnoota ga'eessotaa irratti bobba'an kakaasuu,
- Sagantichi akka lafa qabatuuf qorannoo gaggeessuun qaawwa mul'ate duuchaa deemuu,
- Hanqinaalee hubannoo fi dandeettii haalamijeessitootaa sakatta'uun leenjii gaggabaabaa kennuu,
- Kolleejjoota barnoota barsiisotaa naannoo Oromiyaa keessatti leenjiiwwan haala mijeessitootaa akka kennamu haala mijeessuu,
- Boordii BGQGX aanaa kallattii boordii naannoo fi godinaa kaa'e akka hojiirra oolu akka godhaniif haala mijeessuu,
- Boordii BGQGX aanaa raawwii hojii qorachuun akka furmaata kaa'an haala mijeessuu,
- Koree teeknikaa waliin ta'uun raawwii karoora sagantichaa qorachuun bu'aan argame boordiif akka dhiyaatu gochuu,
- Sagantichi qulqullina isaa eegee akka gaggeeffamu hordofuu, madaaluu, deggersa ogummaa kennuu,
- Muuxannoo gaggaarii qindeessuu, fi manneen barnootaa fi manneen barnootaa akkasumas, buufataalee fi buufataalee gidduu muuxannoo akka waljijjiiran mijeessuu,
- Istaandardii ce'umsaa gara sagantaa idileetti taasifamu karaa seera qabeessa ta'een, fi Istaandardiin gahumsaa hirmaattotaa akka hojiirra oolu taasisuu, raawwii isaa hordofuu,
- Raawwii hojii kurmaana kurmaanaan gamaaggamuu.

#### **5.4. Sadarkaa Wiirtuu Gurmuu Manneen Barnootaa /CRC/ tti**

- Wiirtuu Filatamaa (Center of excellence) ta'uun Haala Mijeessitoota, Hirmaattota sagantichaa fi qaamolee adda addaaf idddoo muuxannoo itti horatamu ta'ee tajaajiluu,
- Iddoo qo'annoo gochaa (Action Research) itti qindaa'u ta'uun ni tajaajila,
- Buufataalee BGQGX jidduutti wal jijjiirraa muuxannoo akka godhan haala mijeessuu,

- Hojii BGQGX manneen Barnootaa wiirtuu sana jala jiran keessatti raawwatamu karoorsuu, boordii gandaaf dhiyeessuun akka mirkannaa'u taasisuu, qindeessuu, akka hojjiirra oolu hordofuu, raawwachuu fi gabaasuu,
- Hawaasa gandoota wiirtuu jalatti argaman koornayaan, umriin, sadarkaa barumsaan, gosa hojii irratti bobba'ee jiruun galmeessuu, gurmeessuu fi aanaa/Waajjira Barnoota Bul.Magaalaaf gabaasuu,
- Ragaalee fedhii hawaasaan walqabatan funaanuu, gurmeessuu fi qindeessuun qabachuu, qaama dhimmi ilaaluuf gabaasuu,
- Hawaasa barachuu qabu garee misoomaan, sagantaa barnootaa hordofuu barbaadaniin, adda baasuun galmeessuu,
- Fedhii hirmaattotaa irratti hundaa'uudhaan bulchiinsa gandaa fi hawaasa naannoo qindeessuun buufattoota barnoonni itti kennamu adda baasuun ragaa qabachuu,
- Ogeessota misoomaa fi barsiisota idilee wiirtu/ganda sana keessatti argaman qindeessuu, mariisisuu fi amansiisuun akka hirmaatan taasissu,
- Istaandardii BGQGX qophaa'ee gadi bu'u hojjiirraa oolchuu, barumsi kennamu istaandardii sana guutuu isaa hordofuu, hanqinaalee sagantaa kana irratti mul'atan adda baasuun gabaasuu,
- Raawwii hojii kurmaana kurmaanaan gamaaggamuu.

#### **5.5. Sadarkaa Kolleejjii Barnoota Barsiisotaatti**

- Kolleejjii Barnoota Barsiisotaa keessatti fuulleffataa (focal Person)n akka jiraatu taasisuu,
- Kolleejjii Barnoota Barsiisotaa keessatti barsiisaa adda duree hojii BGQGX milkeessuuf koolleejjichi kan itti amane wayitii isaa ilaalcha keessa galchuun wayitii 8 hanga 10 qabsiisuun filachuun akka hojjatu/ttu gochuu.
- Sadarkaa Koolleejjiitti dhimma BGQGX karoora mana hojii keessatti hammachiisuu,
- Hawaasa koolleejjii hundaaf waa'ee BGQGX irratti hubannoo barbaachisaa ta'e kennuu,
- Naannoo uwwisa isaanii jala jiruuf sagantaa BGQGX tiif deeggarsa barbaachisaa ta'e taasisuu,
- Sosochii hawaasaa qaamoota dhimmii ilaalu waliin uumuun hirmaannaa ga'eessotaa cimsuu,
- Sagantaa BGQGX irratti qorannoofi qo'annoo gaggeessuun rakkoolee qorannoo fi qo'annoon adda ba'an hiikuu irratti deggersa barbaachisu taasisuu,

- Kolleejjii Barnoota Barsiisotaa keessatti sagantaa BGQGX tiif xiyyeeffannaa addaa kennamee hojiicha lafa qabisiisuuf koreen sagantaa BGQGX kan dhaabbatu ta'a.

**Miseensonni koree BGQGX Kolleejjii Barnoota Barsiisotaa:**

- ✓ A/A/H/Ijoo/Leenjii barsiisotaa fi hoggansa barnootaa..... W/qabaa
- ✓ Fuulleffataa (Focal Person)..... Barreessaa
- ✓ Itti gaafatamtoota istiriimiiwwanii..... Miseensota

**5.6. Sadarkaa Manneen Barnootaatti**

- Manneen barnootaa keessatti Fuulleffataan (focal Person)n jiraachuu qaba.
- Mana barumsaa keessatti barsiisaa adda duree hojii BGQGX milkeessuuf manni barumsaa kan itti amane wayitii isaa ilaalcha keessa galchuun wayitii qabatee jiru 5 hanga 10 qabsiisuun filachuun hojiicha akka hojjatu/ttu gochuu.
- Manneen Barnootaa keessatti gumii Barnoota Ga'eessotaa Qindaawaa Gocha irratti Xiyyeeffatee dhaabuu.
- Sadarkaa manneen barnootaa keessatti dhimma BGQGX karoora mana hojii keessatti hammachiisuu,
- Hawaasa manneen barnootaa hundaaf waa'ee BGQGX irratti hubannoo barbaachisaa ta'e kennuun sagantaa BGQGX irratti qooda akka fudhatan taasisuu,
- Sagantaa BGQGX tiif deeggarsa barbaachisu taasisuu,
- Sosochii hawaasaa qaamoota dhimmi ilaalu waliin uumuun hirmaannaa ga'eessotaa cimsuu,

**5.7. Sadarkaa Buufataalee fi Istuudiyooolee Raadiyoo Barnootaatti**

- Sagantaan BGQGX haala itti milkaa'uu danda'urratti sagantaalee ummata dadamaqisuu danda'an qopheessuun qilleensarra oolcha,
- Faayidaa sagantaan BGQGX ummataaf qabu irratti sagantaa barsiisuu danda'u qopheessuun ni tamsaasa,

**6. Gahee Hojii Qaamota Adda Addaa**

**6.1. Fuulleffataa (Focal Person) Koolleejjii Barnoota Barsiisotaa**

- Karoora hojii Barnoota Ga'eessotaa Qindaawaa Gocharratti Xiyyeeffate kan uwwisa kolleejichaa keessatti gaggeeffamu abbummaan ni qopheessa kolleejjii waliin ta'uun akka hojiirra oolu ni taasisa,
- Raawwii karoora hojii keessatti deeggarsa ogummaa ni taasisa,



- Raawwii hojii hordooffii taasisuun hanqinaalee uumaman yoo jiraatu sirreeffama hatattamaa akka argatan ni taasisa, rakkoo humnaa ol ta'e yaada furmaataa waliin koree BGQGX tiif ni dhiyyeessa,
- Walga'ii koree adda addaa keessatti hirmaachuun sagantaan BGQGX akka cimuuf yaada ijaarsaa burqisiisuun gumaacha isa irraa eeggamu ni raawwata,
- Qo'annoo gochaa (Action Research) hojjechuun rakkoo battalaaf furmaata argamsiisu irraatti qooda fudhattoota waliin ni hojjata,
- Hojii kominikeeshinii hojjachuun walitti dhufeenyi gaarii ta'e akka uumamu taasisuun qaamoleen adda addaa barnoota ga'eessotaaf xiyyeeffannoo akka kennaniif ni hojjata,
- Gabaasa raawwii hojii abbummaan qopheessuun qaama ilaaluuf ni dhiyyeessa.

## **6.2. Dura Bu'aa fi I/Aanaa Dura Bu'aa Mana Barumsaa**

- Hojii BGQGX ganda sana keessatti raawwatamu karoorsuu, boordii gandaaf dhiyeessuun akka mirkannaa'u taasisuu, qaamolee raawwii isaa irratti hirmaachuu qaban qindeessuu, hordofuu, raawwachuu fi gabaasuu,
- Hawaasa gandicha keessatti argamu koornayaan, umriin, sadarkaa barumsaan, gosa hojii irratti bobba'ee jiruun adda baasuun gurmeessuun qaama dhimmichi ilaallatuuf ni dhiyyeessa,
- Sagantaan BGQGX akka cimu hordofuu, deeggarsa taasisuu,
- Rakkooolee adda addaa fala barbaadan irratti qo'annoon gochaa (Action Research) akka gaggeeffamu haala mijeessa,
- Hawaasa naannoo yeroo yeroon mariisiisuun hirmaannaa hawaasaa guddisuuf irratti ni hojjata,
- Sosochii hawaasaa uumuun sagantichi akka cimuuf ni hojjata,
- Gučni galmee fi ragaan hirmaattota sagantaa BGQGX ittiin galmaa'u qopheessuu,
- Madaallii sagantaa BGQGX gaggeessuun gabaasa isaa wiirtuu gurmuu manneen Barnootaa fi waajjira barnootaaf dabarsuu,
- Barsiisotaa fi haala mijeessitoota qindeessuun sagantaa BGQGX irratti akka hirmaatan taasisuu, hojii isaanii gamaaggamaa deemuun, hanqina uumameef furmaata kaa'aa deemu,
- Waa'ee BGQGX ilaalchisee hubannoo haawaasa Mana Barumsaa hunda biratti cimsuu, hordofuu, deeggarsa ogummaa kennuu,

- Buufataalee BGQGX moodeela ta’an adda baasuu, muuxannoo isaanii qindeessuu, akka babal’atu taasisuu, raawwii isaa hordofuu,
- Sagantaa BGQGX cimsuuf buufataalee BGQGX irratti daawwannaa taasisuun deggarsa ogummaa kennuun duub-deebii (feedback) kennuu fi qaama dhimmi ilaaluuf gabaasuu,
- Koree GMB fi BBLG mana barumsaa miira abbuummaan akka deeggaran haala mijeessuu,
- Walitti dhufeenya mana barnootaa fi hawaasaa cimsuudhaan hawaasni maallaqaan, humnaa fi meeshaan buufata BGQGX akka deeggaran taasisuu,
- Koree teekinikaa gandaa qindeessuun sagantaa barnootaa qopheessuu, boordiin akka mirkanneessu gochuu, buufata barnootaa hawaasni murteeffate irratti ramadamanii akka gara hojiitti galan haala mijeessuu,
- Istaandardii BGQGX hojiirraa oolchuu, barumsi kennamu istaandardii sana guutuu isaa hordofuu, hanqinaalee sagantaa kana irratti mul’atan adda baasuun furmaata kennuu,
- Haala mijeessitoota ramadaman hordofuu, hanqinaalee gahumsaa isaan qaban yeroo yeroon adda baasuun leenjiin hojiirraa akka kennamuuf haala mijeessuu,
- Raawwii hojii yeroo yeroon gamaaggamuun gabaasa isaa dhiyeessuu.

### **6.3. Supparvaayizara CRC**

- Manneen Barnootaa Wiirtuu jala jiran ragaa kitaaba BGQGX akaakuun adda baasuu, buufataalee hunda akka dhaqqabu hordofuu fi raawwii isaa qaama dhimmi ilaaluuf gabaasuu,
- Raawwii hojii sagantaa BGQGX madaaluun gabaasa isaa waajjira barnootaa Bul.Magaalaa/Aanaaf dabarsuu,
- Dura bu’oota, barsiisotaa fi haala mijeessitoota qindeessuun hojii isaanii yeroo yeroon gamaaggamaa deemuun, hanqina uummameef furmaata kaa’aa deemuu,
- Sagantaa BGQGX fooyyessuuf daawwannaa buufataalee gaggeessuun deggarsa ogummaa kennuu,
- Bu’aa kenna deeggarsa ogummaa fi hordoffiitiin dhufe madaaluu, duub-deebii (feedback) kennuu, qaama dhimmi ilaaluuf gabaasuu,
- Ragaa ogeessota misoomaa gandoota CRC sana jalatti argaman, koornayaan, akaakuu ogummaan, sadarkaa barnootaa fi hojii ganda sana keessatti raawwataa jiraniin galmeessuu, qindeessuu fi gabaasuu,
- Ogeessota misoomaa fi barsiisota idilee CRC sana jalatti argaman qindeessuu, mariisisuu fi amansiisuun sagantaa BGQGX irratti akka haala mijeessan gochuu,

- Haala mijeessitoota ramadaman hordofuu, hanqinaalee gahumsaa isaan qaban yeroo yeroon adda baasuun leenjii hojiirraa kennuufii,
- Galmee hirmaattotaa qaama galmee gaggeessan irraa walitti qabuun qindeessuu,
- Raawwii hojii yeroo yeroon gamaaggamuu.

#### **6.4. Fuulleffataa (Focal Person) Mana Barumsaa**

- Karoora hojii Barnoota Ga'eessotaa Qindaawaa Gocharratti Xiyyeeffate qopheessuun mana barumsaa waliin ta'uun hojiirra oolmaa isaa ni hordofa,
- Raawwii karoora hojii keessatti deeggarsa ogummaa ni taasisa,
- Raawwii hojii hordooffii taasisuun hanqinaaleen uummaman yoo jiraate sirreeffama hatattamaa akka argatan ni taasisa,
- Walga'iiwwan koree adda addaa keessatti hirmaachuun sagantaan BGQGX akka cimuuf yaada ijaarsaa burqisiisuun gumaacha isa irraa eeggamu ni raawwata,
- Qo'annoo gochaa (Action Research) hojjechuun rakkoo battalaaf furmaata argamsiisu irraatti qooda fudhattoota waliin ni hojjata,
- Hojii dadammaqsuu (advocacy) hojjachuun walitti dhufeenyi gaarii ta'e akka uumamu taasisuun qaamooleen adda addaa barnoota ga'eessotaaf xiyyeeffannoo akka kennaniif ni hojjata,
- Madaalliin kitaabilee BGQGX M/B ykn Buufataan akka gaggeeffamu haala mijessuu,
- Ragaa kitaaba BGQGX akaakuun adda baasuun, buufataaleef akka raabsamu hordoofuu fi raawwisaa qaama dhimmi ilaaluuf gabaasuu,
- Barsiisonni M/B qorannoo fi qo'annoo keessattuu qorannoo gochaa gaggeessuun rakkoo BGQGX furuu akka danda'an haala mijeessuu,
- Hojiirra oolmaa sagantichaa irratti hawaasa mana barumsaa hundaaf hubannoo uumuun abbummaan hordofuu, deeggarsa ogummaa kennuu,
- Buufataalee BGQGX moodeela ta'an adda baasuu, muuxannoo isaanii qindeessuu, akka babal'atu taasisuu, raawwii isaa hordofuu,
- Raawwii sagantichaa cimsuuf daawwannaa buufataalee gaggeessuun deggarsa ogummaa kennuu,
- Bu'aa kenna deggarsa ogummaa fi hordoffiitiin dhufe madaaluu, duub-deebii (feedback) kennuu, qaama dhimmi ilaaluuf gabaasuu,

- Murtee boordii fi koree teekinikaa, akkasumas ragaalee bu'uuraa dhimma Barnoota BGQGX wajjin wal-qabatan gurmeessuu, qindeessuu, ittiin hoogganamuu,
- Ragaalee fedhii hawaasaan walqabatan funaanuu, gurmeessuu fi qindeessuun, qaama dhimmi ilaaluuf gabaasuu,
- Haala mijeessitoota BGQGX ganda sana irratti ramadaman waliin walitti dhiyeenyaan hojjachuu,
- Istaandaardii BGQGX BBOOn qophaa'ee gadi bu'u hojjiirraa akka oolu hordofuu,
- Haala mijeessitoota ramadaman hordofuu, hanqinaalee gahumsaa isaan qaban yeroo yeroon adda baasuun M/B beeksisuu,
- Buufataaleen wal jijjiirraa muuxannoo akka taasisan jajjabeessuu,
- Gabaasa raawwii hojii abbummaan qopheessuun M/Barumsaaf ni dhiyeessa.

#### **6.5. Barsiisaa Mana Barumsaa**

- Sagantaa BGQGX irratti karoora hojii qopheessuu,
- Galmee manaa manaa ga'eessotaa koornayaa, umrii fi sagantaan addaan baasuun gaggeessuu,
- Ga'eessonni jiruu fi jireenya isaanii sirriitti gaggeeffachuuf barumsi meeshaa dhala namaa hundaaf barbaachisu ta'uu isaa hubachiisuu,
- Barbaachisummaa isaa irratti erga walii galanii booda, qabiyyeewwan xiyyeeffannoo baratamuu qabani hunda gadifageenyaan hirmaattota sagantichaa hubachiisuu,
- Sagantaa kana irraa beekumsaa fi dandeettii bu'uuraa argachuuf immoo torbee keessaa yoo xiqqaate guyyaa sadii fi guyyaatti immoo sa'aatii lama barachuun murteessaa akka ta'e irratti waliigaluu,
- Iddoo giddu-galeessa isaaniif ta'uu danda'u irratti mari'atanii akka murteeffatan gochuu,
- Barumsa kana osoo addaan hin kutiin hojii idilee isaanii waliin wal-faana geggeessuun guyyaa fi sa'aatii barumsaa akka qabatama naannoo isaaniitti akka karoorfatan mariisisuun akka murteeffatan gochuu,
- Qabiyyeewwan barataman haala kamiin jiruu fi jireenya guyyuu isaanii waliin wal-qabsiisanii barachuu akka qaban dursanii karoorsuun irratti walii galuu,
- Ga'eessota hirmaatan akkaataa walitti dhiyeenya naannoo jireenya isaaniin tokko shaneen gurmeessuu,

- Ga'eessomni qe'ee tokko keessaa dhufanii fi kan waliin buna dhugan tokko shaneen walitti gurmeessuun yommuu gara buufata barumsaa deemanis ta'ee yommuu galan akka isaan wal-too'atanii fi waliin dubbisuudhaan akka wal-gargaaran gorsuu,
- Ga'eessota tokko-shaneen bakka tokkotti gurmaa'an keessaa namoonni hojii idilee isaaniitiin adda duree ta'anii fi barachuufis fedhii fi kaka'umsa ol-aanaa qaban garee sana akka hogganan ykn akka qindeessan gochuu,
- Yeroo gara buufata barnootaa deeman wal-waamanii wal-yaadachiisuun akka wal-duukaa deeman amansiisuu,
- Miseensota garee isaanii keessaa namni tokko sababa humnaa ol ta'een yoo hafe gareen sun sababa namni sun barumsa irraa itti hafe haala mijeessaa waliin irratti mari'achuu,
- Sagantaa itti aanuttis akka hin hafne yaadachiisanii akka gara buufata barumsaa dhufu/tu gochuu fi qabiyyee jala darbe irratti deggersa gochuu,
- Akkuma walii galaatti gadi-fageenyaan mariisisuudhaan tooftaa mataa isaanii uummatanii qabiyyee waggaa tokko keessatti xumuramuu qabu yeroo murteeffatan keessatti akka xumuran haala mijeessuu,
- Kitaaba Barnoota Ga'eessotaa Qindaawaa Gocha irratti Xiyyeeffate yeroon hirmaattota harka ga'uu isaa mirkanneessuu,
- Ragaa kitaabaa BGQGX akaakuu akaakuudhaan adda baasanii qabachuun, qaama dhimmi ilaaluuf gabaasuu,
- Madaallii kitaabilee BGQGX gaggeessuu,
- Qorannoo gochaa gaggeessuun rakkoo BGQGX furuu,
- Muuxannoo gaggaarii qindeessuun babal'isuu,

#### **6.6. Gahee Haala Mijeessaa**

- Barnoonni ga'eessotaa qindaawaa gocharratti xiyyeeffate waliigaltee hirmaattota hundaan kan geggeeffamu akka ta'e ilaalcha keessa galchuun qaamolee dhimmi ilaallatu wajjiin karoora qopheessuu,
- Galmee manaa manaa ga'eessotaa koornayaa, umrii fi sagantaan addaan baasuun gaggeessuu,
- Marii boordii barnoota ga'eessotaa fi koree teekinikaa gandaa irratti hubannoo uumuun, dhimma BGQGX irratti mari'achuun kallattiin kaa'ame akka lafa qabatuuf abbummaan hordofuu,

- Akkaatuma karooraatiin hojii BGQGX buufata sana keessatti raawwatamu, boordii gandaaf dhiyeessuun akka mirkannaa’u taasisuu, raawwii isaa irratti hirmaachuun raawwachuu fi gabaasuu,
- Ragaalee fedhii hawaasaan walqabatan funaanuu, gurmeessuu fi qindeessuun, qaama dhimmi ilaaluuf gabaasuu,
- Hawaasa barachuu qabu garee misoomaan, sagantaa barnootaan, adda baasuun galmeessuu,
- Hawaasa gandicha keessatti argamu koornayaan, umriin, sadarkaa barumsaan, akaakuu hojii irratti bobba’ee jiruun galmeessuu, gurmeessuun qaama dhimmi ilaallatuuf gabaasuu,
- Ga’eessonni haala kamiin sagantaa kana xumuruu akka danda’an gadifageenyaan mari’achuu.
